ABJUU KEESSI ABJUU

Badii hojjadheen harmeen koo na dhaanti jedhee mucaa abbeeraa koo wajjiin buna keenya jala siddiisa afannee, daaga bunaa irraan mataa gaddeeffannee ala rafne. Halkan walakkaa abjuun waraabeessi dhufee afaan banate mataa koo gubbaa dhaabbate, na qabuuf afaan na laatee narraa deeffata, laatee narraa deeffata. Afaanin iyyuu, qaamaanis sosso'uu dadhabe. Suukanniin qaama wal na geessee qaamni guutuun dafqaan bishaan na tahe. Na nyaachuuf afaan mataa koorraan hoggaa inni gahu, baarageen iyyee lafaa utaale, abjuun dhugumaan ta'ee gorora qabbanaawaa narra naqee nurraa gad utaalee dhaabbatee nu ilaale. Mucaanis baaragee waljalaa qabnee iyya itti fufne. Bishaan na naqxee harmeen too hirribarraa na kaafte.

Mucaan kun abjuu meeqa abjoote?

Osoo isn taatee hoo miira akkamiitu isini dhagahama isini fakkaata?

JANUARY 10, 2025

BY A.Y